# Bilchina Sammuu Daa'immanii Haa Dammaqsinu!!!

# Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e

**2012**

**Qajeelfama Waliigalaa**

**Kaayyoo:** Maatiin/Guddiftuun daa'immanii bilchinaafi guddina sammuu daa'immanii akkamitti cimsuun akka danda'amu hubachisuu

**Hirmaattota Leenjichaa**

Hirmaattonni leenjii kana irratti argamuu qaban : Barsiisota, hojjattoota dhaabbata kunuunsa daa'immanii irra hojjatan , dabalataan maatii/guddiftuu daa'immanii fa'i.

<u>Marii guyyoota darbanii yaadachiisuu</u>

Hirmaattota leenjii kanaa barnoota guyyaa darbee keessaa yaada ijoo ta'an akka dhiheessaniif hirmaattota lamaaf gaaffii dhiheessuu. Fakkeenyaaf:

1. Wantoonni guyyaa darbe irratti mar'achaa turre maal maal fa'i?
2. Mata-dureewwan yeroo darbe irratti mari'achaa turre ilaalchisee mana keessanitti daa'imman waliin maal raawwattan? Rakkoo maaltu isin muudate?
3. Barnoota darbe olloota keessaniif hubannoo kennitanii?

**Madaallii leenjiin duraafi boodaa**

Duraan dursee leenjiin osoo hin eegalin mata-duree leenjii hundaa dura hirmaattotaaf/ leenjitootaaf madaalliin ni kennamaaf. Dhumarratti immoo leenjii irraa hubannoo argatan madaaluuf madaalliin ni gaggeeffama.

**Qajeeltoowwan waliigalaa leenjichaa**

Guyyaa jalqabaa leenjichaa (seera ittiin bulmaataa) armaan gadii leenjitootaaf beeksisuu.

- ✓ Teessoon leenjitootaa walakkaa geengoo fakkaatu osoo ta'ee filatama.
- ✓ Mariyachiisaafi hirmaattonni walbaruun akka gaggeeffamu
- ✓ Yeroon argamuu
- ✓ Yeroo leenjichaa mobaayilii cufuu/sagalee callissiisuu
- ✓ Yeroo hundaa leenjicharratti argamuu
- ✓ Kaka'umsaafi dammaqinaan hirmaachuu
- ✓ Yaada namoota biroo kabajuu

- ✓ Nama yaadachiisu filachuu, tokkoon tokkoo guyyaa jalqabaarratti mata duree leenjii darbe keessatti hubatan leenjitoota lama affeeruun ; daqiiqaa shan (5) keessatti akka yaadachiisan gochuu.
- ✓ Iddoo leenjichaa mijeessuu; tokkoon tokkoo guyyaa keessatti jalqabarratti daqiiqaa kudaniif(10) haala mijeessitoonni iddoo leenjii ni mijeessu.
- ✓ Nama sa'aatii hordofu filachuu

**Meeshaalee barbaachisu**

- ➢ Sadarkaa umrii daa'immanii giddu galeessa kan godhate kitaabilee durdurii yookiin seenaa fi fakkiilee/suuraalee/
- ➢ LCD pirojekterii /yoo danda'ame/
- ➢ Gabatee gurraacha qulqullina qabu /Flip chart/
- ➢ Maarkeerii
- ➢ Dabtara yaadannoo fi qalama ittiin barreessan
- ➢ Barreeffama gaggabaaboo(በራር ጽሁፎች)

**Bilchina sammuu daa'immanii dadammaqsuuf gahee maatii**

**Yeroo marii : tokkoffaa**

Mucaa/Daa'ima keessaniif maal godhaa jirtu?

**Yeroon kenname: daqiiqaa jahaatama.**

**Mariyachiisaa**

Seensaaf akka isiniif mijatu qabxiilee armaan gadii dubbisaa. Akkasumas caalatti odeeffannoo dabalataa yaadolee xumura marii kanaatti "Mariyachiisaaf" jedhee jiru ilaali.

**Mariyachiisaan mariin dura yaadannoo tana dubbisuu qaba.**

Bilchina sammuu jechuun wantoota miira qaamaafi sammuu keenyaan hubannu;xiyyeeffannoo gochuu; yaadachuu; beekumsa lakkoofsaa; jechootaa, kan ilaalan raawwachuu,kan dhagahan dubbachuufi dandeettii haasa'aa(dubbii) , waan haaraa uumuu, rakkoo hiikuu,duudhaalee xiinxaluu,boca,halluufi kkf adda baasuu danda'uu,kallattii beekuu, of eeguu, fi kkf dandeettii nuti qabnu ilaallata.

Bilchina sammuu dagaagsuun karaa tokkoonis ta'ee karaa biroon qaamni ilma namaa karaa hundaan dagaagsuuf karaa qajeelaas ta'ee faallaan human dhiibbaa geessisu qaba. Bilchina sammuu fooyyee namoonni qaban; waan tokko kalaquu irratti humna horatu. Naannoo sakatta'uu, tapha, dandeettii afaanii gabbifatu,miirriifi hawaasummaan daa'immanii sad.bilchina sammuu daa'immanii murteessa. Kanaafuu, bilchinni sammuu dagaagsuun qaamota birootiif dursee cimuun murteessaadha.

Umriin daa'imummaa sammuun isaanii olaanoon yeroo itti dagaagu waan ta'eef daa'imman waan naannoo isaanii waliin jiruun walitti hidhanii raawwachuu; wantoota haaraa kalaquuf waan akka rakkootti isaan muudates furuun dandeettii isaaniif sammuu gabbifatan irratti xiyyeeffannoo gochuu qabu. Yeroonis kan isaati.

**Yaada marii yeroo darbee yaadachiisuu(daqiiqaa shan)**

**Mariyachiisaa**

Hirmaattota leenjichaa keessaa namni lama yaada ijoo marii yeroo darbee akka yaadachiisan gaafadhu

1. Yeroo darbe maal maal fa'i irratti mari'achaa turre?
2. Barnoota yeroo darbe baranne hawaasa naannoo keetiifi hawaasa waliin hojjattuuf dabarsitee?

**Mariyachiisaa**

Kaayyoolee ibsaafii

**Kaayyoo marii :**marii kanaan booda maatiin/guddiftuun :

- Yeroo hundaa mana isaanii keessatti waan daa'imman isaaniif godhan adda ni baafatu.
- Taphaafi sochiilee daa'imman isaanii waliin taasisan sammuu daa'immanii dagaagsuuf faayidaa isaa adda ni baafatu.

**Shaakala qabatamaa: (Hojii Garee) (Daqiiqaa soddoma)**

**Mariyachiisaa**

Hirmaattota garee sadiitti qoodi. Gaaffilee armaan gadiitti mariif dhiyaate lamaan deebisuuf akka qophaa'an itti himuu.

Gareen hunduu barreessaa akka filataniifi yaada isaanii qindeessee kan dhiheessu akka ta'e itti himi.

**Mariyachiisaa**

Hirmaataa tokko filadhuutii gaaffilee armaan gaditti dhiyaate yaada akka itti kennan taasisi.

Daa'imman keessan waliin wanta raawwattan; kophaa isaanii waan hojjatan beekuun waa'ee beekumsa daa'imman keessanii waan dagaagsu isinitti fakkaataa? Guddina daa'imman teessanis waan ariifachiisu isinitti fakkaataa? Maaliif? Maatii daa'immanii hunduu ta'e jedhanii sammuu daa'immanii gabbisuuf karoorfatanii hojjachuu haa baatan malee; guyyaa guyyaan wanti isaan daa'imman isaanii wajjiin ta'aafi gochaa oolan sammuu daa'immanii guddisuuf iddoo olaanaa qaba. Daa'imman guyyaa guyyaan sochiin isaan taasisaa oolan; odeeffannoo argatanii hubannoowwaniifi ogummaawwan isaanii cimsuun dagaagina sammuu fooyyeeffataa guddatu. Marii guyyaa har'aa keessatti mana mana keenya keessatti wanta raawwachaafi gochaa turre muraasa isaa ilaalla.

**Marii Garee**

1. Guyyaa guyyaan wantoota daa'immaniif gochaa ooltan tarreessaa.
   Daa'imni keessan mana keessa kophaa isaa taa'ee fi namoota biroo wajjiin ta'ee waan inni raawwatu/godhu barreessi.
2. Deebii gaaffii 1[ffaa] deebi'e keessaa sammuun daa'immanii gabbisuuf gargaaran adda baasaa. Kana jechuun dandeettii hubannoo isaanii, sadarkaa xiyyeeffannoo isaanii, dandeettii lakkoofsa beekuu isaanii, dandeettii jechootatti fayyadamuu isaanii, dandeettii haasa'uu, rakkoo hiikuu, dandeettii yaadachuu isaanii, dandeettii shallaguu isaanii, xiinxala duudhaalee,bocaa,halluudhaan, fi kkf akka adda baafataniif carraa uumuun walqabata.

**Marii waliinii**

**Mariyachiisaa**

Tokkoon tokkoo garee waan irratti mari'atan bakka bu'aa isaaniitiin daqiiqaa shan keessatti dhiheessuu qabu. Tokkoon tokkoo dhiheessii erga dhiyaatee booda hirmaattota keessaa namni tokko gaaffii ykn yaada akka kennu jajjabeessuu.

Mariyachiisaan yaada walii galaa gareewwan irraa erga dhiyaatee booda yaada cimsaa ykn sirreeffamaa nikenna. Kana gochuuf kan isa gargaaru yaadannoo Mariyachiisaaf jedhu jalatti barreeffamee jiru dursee

dubbisee itti qophaa'uu qaba.

**Madaallii (yaadachiisuu) Daqiiqaa shan**

**Mariyachiisaa**

Gaaffileen madaalliif dhiyaatan hirmaattonni guyyaa kana maal baratan kan jedhu madaaluuf malee qormaata akka hintaanee maatii hirmaatuuf ibsamuu qaba.

Hirmaattota keessaa fedhiidhaan nama lama affeeruun yeroo gareen mari'ataniifi dhiheessan yaada ijoo gabaabsanii akka ibsan gaafadhu. Yaada hirmaattonni kennan irraa ka'uun Mariyachiisaan yaada cimsaa ykn sirreeffamaa nikenna. Yaanni duubdeebiin kennamu barreeffama keessatti kan isaaf taa'een walsimuu qaba.

**Ergaalee Ijoo(Daqiiqaa shaniif)**

**Mariyachiisaa**

Ergaalee ijoo kana dubbisaafii

- Bilchinaafi dagaagina sammuu jechuun daa'imni tokko wantoota karaa fooyyee qabuun yoo hubate, yoo hojjateefi waan haaraa kalaquu yoo danda'eedha.
- Bilchinni sammuu daa'immanii kan gabbatu adeemsaan akka ta'e,
- Daa'imman hunduu daandii barbaadaniin gabbifachuu humna guddaa qabu. Haata'uu malee, wantoota karaa ittiin hubataniifi hojiitti hiikan garagara ta'uu danda'a. wantoonni mana keessaafi naannawa manaa jiran kalaqa daa'immanii cimsuuf gahee olaanaa qaba.
- Guddina sammuu daa'immanii gabbisuuf bilchina sammuu daa'immanii gabbisuun gahee bakka hinbuune qaba. Bilchinni sammuu daa'immanii jabeessuun namni hunduu wanti raawwatuu furtuu guddaadha. Gahee guddaa taphata.
- Bilchinni sammuu daa'immanii sadarkaa olaanaan dagaaguun kan raawwatu umrii jalqabaa muraasa keessattiidha.
- Bilchinni sammuu daa'immanii kan gabbatu; naannoo isaanii daawwachuun, taphachuun, wantoota garagaraa fakkeessanii raawwachuun gabbata.

**Yaada walii gala fi Hojii manaa (Daqiiqaa Afur)**

**Mariyachiisaa**

Yeroo marii kanaa maatiin guyyaa hundaa daa'imman isaanii waliin waan raawwataa oolan akkasumas wanti raawwatamaa oole sun bilchina sammuu daa'immanii gabbisuuf kallattiin gaheen inni qabu muraasaa tuttuquu isaa yaadachiisuun barbaachisa. Yaada faayidaa qabu marii irraa argatan ollaa isaaniifi warroota wajjiin hojjataniif qooduu akka qaban akeekkachisuu. Itti fufuun maatiin ijoollee isaanii waliin ooluufi kophaa ooluun faayidaa qaba jedhanii tarreessan gara mana isaanii yoo deebi'an irra deebiin akka ilaalan taasisuu. Dabalatan bilchina sammuu daa'immanii dadammaqsuuf wantoota danda'an daawwii gaggeessuun marii yeroo itti aanuuf qabatanii dhufanii gabaasuu akka danda'an yaadachiisuu.

Dhumarratti hirmaattota guyyaa har'aa hirmaatan galateeffachuun barbaachisaadha.

**Yaadannoo Mariyachiisaaf**

**Mariyachiisaa**

Dhuma marii hundaa irratti yaadannoo qabachuun marii itti aanuuf qophaa'uu ykn yaada ijoo mata duree kana keessatti xiyyeeffannoo barbaaduufi yaada dabalamuu qabu galmeeffachuun yaanni ijoo kun barruu kana gara fuulduraa caalaatti gabbisuuf gargaaraa galmeeffadhu.

__________________________________________________________________________

__________________________________________________________________________________

**Yaada/Odeeffannoo dabalataa Mariyachiisaaf dhiyaate.**

**Bilchina sammuu daa'immanii gabbisuu**

Bilchinni sammuu daa'immanii dagaagsuuf wantoota hubachuufi hojjachuu, wantoota haaraa kalaquu wantoota akka rakkootti isaan muudatan furuufi shallaguu danda'uufi dameelee kanneen kan ofkeessatti hammateedha.

Wantoota mul'istoota bilchina sammuu daa'immanii kanneen ta'an keessaa:

- Wantoota argan hubachuu
- Waan tokko kan biro irraa adda baasuu danda'uu
- Wantoota arganiifi hubatan yaadachuu danda'uu
- Wantoonni tokko tokko maaliif akka raawwatu beekuu
- Shallaguu danda'uu
- Wantoota gochuufi gochuu dhabuun faayidaafi miidhaan inni fidu adda baafachuu
- Rakkoo isaan muudatu furmaata laachuu danda'uu
- Wantoota karaa kalaqa qabeessaan dalaguu danda'uu
- Haala jiru keessatti of sirreessuu danda'uu

Bilchina sammuu daa'immanii dagaagsuuf karaa tokkoonis ta'ee karaa biroon tokkoon tokkoo namaa irratti karaa hundaan dagaagsuufi eeyyentaa/kallattiinis ta'ee/fi hin eeyyantaan/alkallattiinis dhiibbaa geessa. Daa'imni bilchina sammuu fooyyee qabu wantoota dandeettii isaatiin kalaquun ni gabbifatu. Naannoo isaa sakatta'uu, taphachuu, dandeettii afaanii gabbifachuu,hawaasummaafi miirri isaa akkuma dabalaa deemeen daa'imni sammuun isaa bilchaate sadarkaa isaa murteessa. Kanaafuu bilchinni sammuu daa'immanii gabbifachuun kanneen biroof gabbinaafi cimina hedduufis fooyyee ta'uun isaa mirkanaa'eera.

Umriin daa'immanii sadarkaa olaanatti sammuun isaanii yeroo itti dagaagutti daa'imman naannawa isaanii wantoota jiran waliin walsimatanii hubachuun raawwachuu, wantoota haara kalaquufi rakkoo isaanii muudatan furachuufi dandeettii gabbifatu. Wantoonni armaan gaditti barreeffaman kanneen daa'imman raawwachuun sadarkaa bilchina sammuu daa'immanii gabbisuu nidanda'a jedhamee yaadama.

- Naannoo isaanii dammaqinaan haa ilaalanii
- Wantoota adda addaa taphachuun sakatta'aa barachuu yoo danda'an
- Dammaqinaan naannawa isaanii ilaaluu; kan ilaalan fakkeessuu yoo danda'an
- Guyyaa guyyaan jireenya isaanii keessatti waan isaan muudatu faayidaafi kaayyoo isaa hubachuu yoo danda'an.
- Wantoota tokkummaafi garaagarummaa isaa adda baasuu yoo danda'an
- Wantoota adda addaa amaloota adda isaanii taasisan waan lamaa ykn sadii fayyadamanii ramaduu yoo danda'an ( Fakkeenya : Ulee taphaa,halluun, dheerinaafi hangaan…)
- Wantoota duraa duubaafi bu'aa isaa tilmaamuu yoo danda'an.

Kanneen tarreeffaman kunniin hojii daa'imman yeroo baay'ee irra deddeebi'anii raawwatan yoo ta'u maatiin baay'een ijoollee isaanii miidhaan akka irra hingeenye jedhanii hindeeggaran. Inni kun bilchina sammuu daa'immanii gabbisuuf wantoota ariifachiisaan kanneen gargaaran akka armaan gadiitti barreeffame kun maatii baay'ee biratti raawwachaa kan akka irraa baratamuuf haala armaan gadittii dhiyaateera.

- Qaamolee isaanii akka waaman gaafachuu
- Meeshaalee beekamoo mana keessaa adda baafachuu akka danda'aniif, Fal'aana fidi, sinii fidi, kana asii kaasii achi kaa'i,….kan kanneen fakkaatu gaafachuu
- Daa'imman yaadaafi deebii isaanii sababa amansiisaa kennuu akka danda'an jajjabeessuu,Fakkeenyaaf,kophee maaliif godhatte? Burcuqqoon minjaala irraa yoo kufe maal ta'a? Yoo cabe maaltu ta'a?
- Wantoota akka walmadaalchisan gaafachuu, FKn : Hiriyaa kee Caalaafi Si'i eenyutu dheeraadha? Furdaadha?
- Dandeettii beekumsa lakkoofsaa gabbisuuf gaaffii dhiheessuu FKN ija meeqa qabda? Harka bitaa kee irra quba meeqatu jira?

Bilchinni sammuu dagaagsuuf sadarkaa sadarkaan kan gabbifamu yoo ta'u maatiinis fedhii daa'immanii xiinxaluun guddisuun barbaachisaadha. Umrii ji'a tokkoo irraa eegalee daa'imman jiran sadarkaa sadarkaan bilchina sammuu gabbachuu akka agarsiisuu danda'utti kan dhiyaate; maatii biratti hojiirra osoo oolee bu'aa abdachiisaa argachuu dandeenya jedhamee amanama.

- Wantoota gurguddaa fi ifatti mul'achuu danda'an daa'immaniif dhiheessuu
- Sagalee daa'imman baasan/dhageessisan irra deebi'anii dhageessisuuf ; deebisanii yoo isaan jedhan fuufa ifaan jajjabeessuu
- Waan walfakkaatu akka isaan walitti firoomsan gochuu
- Kaleessa/ Sa'aatii dura laaqana akkamii akka nyaatan,uffata akkamii akka uffatan fi kkf gaafachuun akka isaan dandeettii yaadachuu cimsatan gochu
- Durdurii gsggsbaaboo itti himuun itti aansee maaltu akka ta'u tilmaamsisuun jajjabeessuu. Qooddattoonni durdurii kana keessatti dhiyaatan osoo isaan ta'ee maal gochuu akka danda'an gaafachuu.
- Hibboo akka isaan waliin taphatan taasisuu

Kanneen armaan olitti ilaalaman raawwachuun alatti bilchina sammuu daa’immanii gabbisuuf haalota mijataa uumuun murteessaadha. Akka fakkenyaatti :

- ✓ Wantoota mana keessatti balaarra geessuu irraa bilisa gochuu. FKN (haada elektirikaa,waan akka qorichaa,fi kkf )
- ✓ Fedhii daa’immanii xiyyeeffannoon hordofuun deeggarsa barbaachisaa ta’e gochuu (meeshaalee ittiin taphatan, wajjiin taphachuu , durdurii itti himuu,…kkf)
- ✓ Guyyaa guyyaan waan isaan raawwataa oolan gurguddoo addaan baasuun haala salphaa ta’een itti himuu
- ✓ Waa’ee wantoota ( sinii, kophee, siree,…) akkaataa itti hojjatamuufi faayidaa isaa itti himuufi gaafachuu
- ✓ Daa’imman TV ilaaluun kan dabarsan irra yaada hirmaachisaa ta’e isin wajjiiniif daa’imman biro wajjiin akka taphatan taasisuu
- ✓ Wantoota walitti aananii raawwataman tokko raawwachuun daa’imman isaan wajjiin akka ta’aniifi itti aansuun maaltu akka itti fufu tilmaamsisuuf carraa kenniif.

**Bilchina sammuu daa’immanii akkamitti gabbisuun danda’ama?**

**Yeroo Marii : 2**

**Yeroon ramadame: Daqiiqaa jahaatama(60’)**

| **Mariyachiisaa**<br>Kanneen armaan gaditti dhiyaatan qabxii ka’umsaatii dubbisaa. Akkasumas odeeffannoo caalaatti ibsamee jiru kutaa marii kanaan booda Odeeffannoo dabalataa mari’achiisaf jedhu jalatti yaadota tarraa’ee jiru haa ilaalamuu. |
|---|

Mariin osoo hin eegalin dura Mariyachiisaan yaadannoo faayidaa qabdu tana dubbisuu qaba.

Bilchinni sammuu daa’immaniifi dagaaginni isaa sadarkaa sadarkaan gabbataa kan deemu ta’ee yeroo tokkoon yookiin akka tasaatiin miti. Maatiin/Guddistoonni bilchina sammuu daa’immaniif gargaarsi isaanii gahee olaanaa taphata. Qabas. Daa’imman wantoota bifa taphaatiin, bashannanaatiin argatan caalatti hubannoo isaanii cimsuuf maatiin daa’immanii tapha gammachiisuu danda’uun deeggaranii bilchina sammuu daa’immanii gabbisuun/dagaagsuun deeggaruun irraa eegama. Guddinni kun gadaamessa haadhaa keessaa eegalee osoo addaan hincitin kan itti fufiinsaan raawwatuudha.

**Marii yeroo darbee keessa deebii (Daqiiqaa shan)**

**Mariyachiisaa**

Hirmaattota lama affeeruun marii yeroo darbee keessaa yaada ijoo akka yaadachiisan gaafadhu.

1. Wantoonni guyyaa/yeroo darbe irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Barnoota darbe ollootafi hiriyoota iddoo hojiitti waliin hojjattaniif barumsa kana kennitaniifii?

**Kaayyoon marii**: marii kanaan booda maatiin/guddiftoonni:

- ❖ Bilchinni sammuu daa'immanii karaa/daandii kamiin gabbisuun akka danda'amu ni hubatu.
- ❖ Muuxannoo gaggaarii qaban nikennu;maatii biroo irraa ni fudhatu.

Shaakala Gochaan agarsiisuu Hojii Garee (Daqiiqaa soddoma)

**Mariyachiisaa**

Daa'imman kutaa qaamaa isaanii hunda fayyadamuun naannawa isaanii hunda akka daawwatan,amaloota naannoo sana jiru akka adda baafataniif jajjabeeffamuu ykn deeggaramuu qabu. Maatiin, daa'imman dhalootarraa kaasee dadammaqsuun taphachiisaa jireenya isaa keessatti itti fufiinsaan gammachuufi bu'a-qabeessa gochuun nidanda'ama. Mariin guyyaa har'aa keessatti hirmaattota irraa wantoota bilchina sammuu daa'immanii gabbisuu danda'an ni ilaalla. Seenaa daa'imaa "Abdii" jedhamu irratti xiyyeeffate ; seenaa gabaabduu tanarratti hundoofnee marii ni taasifna.

Hirmaattonni garee saditti qooduun gaaffilee armaan gadii raawwatanii akka qophaa'an taasisuu. Gareen hunduu nama tokko yaada isaanii qabee qindeessee barreessuufi dhiheessu filachuu akka qaban beeksisuu

**Abdii fi Gammadaa**

**Abdiin** daa'ima waggaa afuriiti. Abdiin meeshaa taphaa walitti qabuu jaalata. Abbaan, Gammadaan immoo yeroo baay'ee daa'ima isaa waliin yoo oolu caalatti itti tola. Gammadaan daa'ima isaa Abdiin "Abbitti jedhee maqaa jaalalaatiin yaama.

Gammadaa : Abbittii hibboo taphachuu barbaaddaa?

Abdii : Ihii!!!! Eeyyee

Gammadaa: Tole. "Ani miila hinqabu; Geengoodha;yoo na dhahan ni utaala; namni baay'een

najaallatu;ani eenyu! Beekii himi!

Gammadaan daqiiqaa murtaa'e erga eegee booda Abdiin deebisuu waan hindandeenyeef odeeffannoo itti dhiyaatu kennuufii eegale.

Gammadaa: Abbittii ni beektaa beeki!! Kan Caalaafi Abdiisaa fa'a wajjiin taphattuu beeki! Abdiin fuulli isaa ifee gammachuun itti dhagahamee ol utaalaa beeke beeke!  Goommaa mitii? Jedhe. Gammadaan; baay'ee gaarii jirta. Mee kan biroo yaali? Foddaa TV n darbaa darbaa waan ilaallu sanii beeki.

Abdiin: Kubbaadhaa? Eeyyee ! argadheera. Ani cimadha mitii Abbaa koo?

Gammadaan: Abdii hammatee dhungachaa "Sirriidha ilma koo. Ishoo! Ati cimaadha! Hibboo biroo sigaafadhuu?"

**Mariyachiisaa**

Seenaa Abdiifi abbaa isaa ilaalchisee gaaffilee armaan gadiitti barreeffamee jiru waraqaadhaan hoogganaa gareetiif qoodi.

Gareewwan karaa hoogganaa isaaniitiin gaaffilee armaan gaditti barreeffame seenaa armaan olitti barreeffame irratti hundaa'anii akka deebisu itti himaa.

**Gaaffilee**

1. Walitti dhufeenya Abdiifi Gammadaa akkamitti ilaaltan?
2. Abdiin tapha kanarraa maalfayyadama isinitti fakkaata?
3. Ijoollota keessan wajjiin durdurii/hibboo nitaphattuu?
4. Seenaa kanaan kan walfakkaatu/dhiheenya qabu/maatiin/guddiftoonni ijoollee tapha durdurii/hibboon dhiheessaa?

**Marii Walii galaa**

| |
|---|
| **Mariyachiisaa**<br>Tokkoon tokkoo garee, waan irratti mari'achaa turan yaada akka dhiheessan daqiiqaa shan fudhatanii dhiheessuu qabu. Tokkoon tokkoo erga dhiheessanii booda hirmaataan tokko gaaffii ykn yaada akka kennan jajjabeessuu.<br>Mariyachiisaan akka yaada walii galaatti yaada garee hundaa irraa dhiyaate cimsuu yookiin sirreeffama kennuun isin irraa eegama. Yaada kanaaf kan isin gargaaru yaadannoo dhumarratti yaadota barreeffamee jiru dursitanii dubbisuun itti qophaa'uun barbaachisaadha. |

**Madaallii(Keessa deebii): (Daqiiqaa shan)**

| |
|---|
| **Mariyachiisaa**<br>Gaaffilee madaallii hirmaattotaaf dhiyaatu guyyaa sanatti maal akka baratan madaaluuf malee qormaata akka hintaane hirmaattotaaf ibsamuu qaba.<br>Hirmaattota keessaa nama lama fedhiidhaan wanta guyyaa sana mari'achaa oolan yaada ijoo akka keessa deebi'anii yaadachiisan gaafachuu. Mariyachiisaan yaadolee ijoo ta'an hirmaattonni kaasan irratti yaada itti kenna. |

**Yaadolee Ijoo (Daqiiqaa Shan)**

| |
|---|
| **Mariyachiisaa**<br>Yaadolee ijoo tana dubbisaafii |

- ❖ Daa'imman naannoo jiran keessa fiiganii akka taphataniif meeshaalee miidhaa geessisan jiraachuu dhabuu mirkaneeffachuu (FKN: Wantoota isaan muran dhabamsiisuu, haada elektirikii daddabarsan golguu ykn jalaa kaasuu)
- ❖ Fedhii daa'immanii meeshaalee kakaasuu danda'an kennuufii,(FKN: laastikii, qadaada garagaraafi kkf) meeshaaleen dhiheessinuuf kun lallaafaafi kanneen gosa adda addaa ta'an ,halluu gara garaa,ulfaatinaafi boca gara garaa kan qabu,akkasumas daa'imman ofii isaaniitiin adda baafatanii gara meedhaa bal'aa ta'etti naquuf keessaa baasuun ofii isaaniitiin raawwachuu kan danda'an ta'uu qaba.

- Gochi daa'imman guyyaa guutuu raawwachaa oolan bilchina sammuu daa'immaniitiif gargaaruu kan danda'u ta'uu isaa adda baafachuu
- Daa'imman wajjiin taphoota gara garaa taphachuu
- Akaakuu umrii isaaniitiin sadarkaa isaan irra jiranitti madaaluun deeggaranii dadammaqsuun kan isaan fayyadu ta'uu isaa mirkaneeffachuu
- Daa'imman wajjiin ta'uun fakkeessanii tapha taphachuu akkasumas meeshaalee taphaaf barbaachisan dhiheessuu (FKN meeshaalee itti bilcheeffatan, uffataafi kanneen biro dhiheessuun taphachuu)

**Yaada walii galaafi Hojii manaa(Daqiiqaa Afur)**

| |
|---|
| **Mariyachiisaa**<br>Yeroo marii kanaatti maatiin sammuu daa'immanii akka bilchaatee dagaaguuf gochoota isaan gargaaran qopheessuuf gahee isaanii ilaalchisee akka mari'atan yaadachiisuun barbaachisaadha. Marii irraa yaadolee faayida qabeessa ollootaafi hiriyoota wajjiin hojjataniif qooduufi biraan gahuu akka qaban akeekkachiisuu. Itti aansuun mana keessaafi naannoo isaaniitti wantoonni bilchina sammuu daa'immanii gabbisuuf gargaaran jiraachuu isaa mirkaneeffachuun yeroo marii itti aanutti gabaasa isaa akka dhiheessan beeksisuu.<br>Dhimarratti hirmaattota guyyaa har'aa hirmaataa oolan galateeffachuun barbaachisaadha. |

**Yaadannoo Mariyachiisaaf**

| |
|---|
| Mariyachiisaa<br>Dhuma marii irratti yaadannoo qabachuun marii itti aanuuf qophii taasiftaniif ykn yeroo marii kanaarratti yaadota ijoo sirritti irra deebiin ilaalamuu qaban galmeeffadhu. Yaadoleen ijoon kunniin barruu kana gara fuula duraatti gabbisuuf gargaaraa sirritti haa qabamuu<br>________________________________________________________________________________________<br>-_______ |

**Mariyachiisaaf Odeeffannoo Dabalataaf kan Dhiyaate**

**Sammuu Daa'immanii bilchinaafi guddina akkamitti deeggaruun danda'ama?**

Bilchina sammuu daa'immanii guddisuuf sadarkaa sadarkaan kan gabbatu malee yeroo tokkoon/tasa kan ta'uu miti. Maatiin/Guddiftuun deeggarsi isaan bilchina sammuu daa'immaniif gahee olaanaa qaba. Keessattuu maatiin daa'imman taphaafi waan isaan gammachiisuun deeggaraa guddisuun isaan irraa eegama. Sababni isaa daa'imman wantoota bifa haala taphaatiifi bashannaatiin caalaatti waan isaan fayyaduuf. Guddinni kun gadaamessa haadhaa keessaa eegalee osoo addaan hincitin itti fufuu kan kan qabuudha.

**Akkamitti maatii daa'imman isaanii deeggaruu danda'u?**

Maatiin/Guddiftuun daa'immanii, umrii isaatiin iddoo gahuu qabaniifi sadarkaa gahumsa isaanirra gahuu qaban yeroo hundaa dammaqinaan hordofuun barbaachisaadha. Inni kun caalaatti daa'ima deeggaruuf gargaara. Daa'imman sadarkaa kallattii umrii irra jiran irraa ka'anii sadarkaa irra gahuu qabaniifi gahumsa isaanii akka armaan gaditti tarreeffameera.

**Ji'a Tokko**

- Beela'ee yookiin yoo itti mijachuu baate niboo'u.
- Sagalee guddaa yookiin sagalee tasa dhagahan ni nahu
- Waan gurguddaafi meeshaa ifu ilaalu

**Ji'a Lammaffaa**

- Sagalee gara garaa ni baasu
- Wantoota baratan tokko yookiin lama adda ni baafatu( Fuula nama dhiyeenyatti waliin oolu)
- Wantoota naannawa isaanii jiru gurguddaafi ifaa kan ta'e ni ilaalu

**Ji'a Sadaffaa**

- Sadarka xiqqoonis haa ta'uu yoo tuttuqan, ijaan yoo taphachiisan, sagalee gara garaa baasanii yoo dhageessisan deebii kennuuf yaalu.
- Sagalee gara gara dhageessisuun ofibsuuf ni yaalu
- Fedhii adda addaa qaban ibsachuuf sagalee gara gara garaatiin ni boo'u
- Fuula baran fageenya dhiheenyarratti adda baasuu ni danda'u

**Ji'a afurii hanga Jahaa**

- Meeshaa daa'imman ittiin taphatan (Ashaangulliitii) yookiin namoota yoo argan sagalee dhageessisu

- Kallattii sagaleen irraa dhageessifame beekuuf mataa isaanii garasitti naannessu
- Yeroo namoonni haasa'an sochii hidhii isaanii ilaaluu,sagalee dhagahuun sana booda kan isaanii baasuuf yaalii taasisu
- Wantoota argaa isaanii irraa fagaataa deemeef kallattii sagalee adda baafachuuf mataa isaanii naannessu
- Xiyyeeffannaa argachuuf boo'u
- Sagalee caccabsaa dhageessisaa dubbachuu yaaluu
- Sagaleen haarofti daandii kamirraa akka dhufaa jiru ilaaluu
- Wantoota sosocho'u ijaan hordofu

**Ji'a jahaa hanga ji'a kudha lamaa**

- B..B..B…,.D..D..D… ,G..G..G… Sagalee jedhamanniifi kanneen walfakkaatan irra deddeebi'anii dhageessisuu
- Ajaja sasalphaa hubachuun ( FKN: Chawu chaawu..) hubachuu
- Meeshaa ija duraa dhokatte barbaaduu (Waan akka Ashaangulliitii)
- Iddoo ka'umsa sagalee beekuuf fuula garasitti naannessuu
- Gaaffilee gaggabaaboo hubachu danda'uu(FKN: koottu;… Naqabadhu;…)
- Sochii qaamolee tokko tokkoo fakkeessuu (FKN: arraba baasuu)
- Maatiin/Kunuunsitoonni sagalee isaan irra deddeebi'anii dubbatan fakkeessuu

**Ji'oota kudha sadii hanga ji'oota kudha saddeetii**

- Jechoota ifa hintaane ni dubbatu ( ji'oota kudha shanaffaatti yoo xiqqaate jechoota lama, ji'oota kudha saddeetitti immoo jechoota shaniifi sanaa ol dubbachuu)
- Qaamota isaanii keessaa yoo xiqqaate sadi adda ni baafatu
- Wantoota mul'isuuf qubaan ni agarsiisu (FKN) Kitaabilee irraa fakkii,…

**Ji'oota kudha sagalii hanga ji'oota soddomii jahaa**

- Irra deddeebiidhaan eenyu, maalinni, eessa,… gaaffilee jedhaman gaafachuu
- Himoota jechoota muraasa qaban irra deddeebi'uu
- Fakkiileefi meeshaalee walfakkaatan walitti firoomsuu akkasumas adda kan ta'e keessaa baasuu
- Boca wantootaa, guddaa, xiqqaa, baay'ee xiqqaa jechuun ibsuu ni danda'u.

**Waggaa Sadii Hanga Afurii**

- Kitaaba ilaaluun gammaduu, faaruulee sasalphaafi seenaa gaggabaabaan bashannanuu
- Fakkeessanii taphachuu, kanneen akka Ogeessa fayyaa(Haakimaa) fi dhukkubsataa, nama suuqii keessatti meeshaa gurguruufi Kan bitatu fi kanneen biroo fakkaatanii hojjachuu jaalachuu
- Meeshaalee bifaafi bocaan adda baafachuu

## Waggaa Shanii Hanga Jahaa

- Muudannoo isaanii odeessu
- Dubbii guyyaa guyyaa keessatti jechoota kuma tokkoof dhibba shanii ol ni fayyadamu
- Tartiiba lakkoofsaa hubachuu
- Tapha walitti firoomsuu ni jaallatu

Bilchina sammuu daa'immanii gabbisuun kan daa'imman hundarratti haala walfakkaatuun dhufa jechuun nama rakkisa. Daa'imman hunduu karaa ofii fedhaniin wantoota kan baraniifi haala adda ta'een fedhii barachuu kan qabaniidha. Daa'imman tokko tokko kanneen biroo irra fooyyeen dursanii wantoota baay'ee barachuun beekuu danda'u. Kanneen biroo immoo wantoota hubachuuf yeroo dheeraa irraa irraa fudhachuu danda'a. Maatiin/Guddiftoonni daa'immanii/ijoollee isaanii sadarkaa umrii isaanii irra jiraniin hubatee deeggarsa fi dammaqina cimaa gochuutu irra jiraata.

Guyyaa dhalatan irraa kaasee hsnga waggaa tokkoofi walakkaa keessa daa'imman jiran bilchina sammuu isaanii dagaagsuufi jajjabeessuuf qaamolee miiraa tuttuquun kakaasuun dirqama ta'a.

Waggaa tokkoofi walakkaa irraa kaasee hanga waggaa torbaa kanneen jiran bilchina sammuu daa'immanii dagaagsuufi gabbisuu wantoota hedduu raawwachuun barbaachisaadha. Taphni meeshaa guddaa bilchina sammuu daa'immanii ittiin gabbisaniidha. Maatiin/Guddiftoonni daa'immanii taphootaafi faaruulee turan itti fayyadamuu dabalataan isaan fayyada jedhamee kanneen yaadamu taphoota gara gara kalaquun bilchina sammuu daa'immaniitiif deeggaruun barbaachisa. Daa'imman guyyaa guutuu tapha tokko qofaarratti hundaa'anii ooluun barbaachisaa miti. Taphoota gara garaa baay'isuun keessatti kan isaan itti xiyyeeffatanii hordofuu danda'an kanneen akka : halluuwwan, bocaawwan, hangaafi ulfaatina kan ittiin adda baasan, dandeettii yaadachuu isaanii kan madaalu, dandeettii herreeguu isaanii kan gabbisu, dandeettii rakkoo furuu isaanii cimsuufi kanneen biroo bifa bashannansiisaafi barsiisaa wantoota ta'an itti dabaluun oolmaa isaanii bu'a qabeessa gochuun nurraa eegama. Garaagarummaa wantoota gidduu jiru (bocaan, halluun, dheerinaan, ulfaatinaan) daa'imman akka adda baasaniifi maal gochuutu nurraa eegama?

- Fakkiilee gara garaafi ulee dheerinna adda addaa qaban walcaaluu isaanii taphachiisaa agarsiisuu

- Biyyee bukeessaa fayyadamuun boca gara garaa akka qabaatutti akka qopheessan taasisuu
- Meeshaalee adda addaa kanneen manaan ala jiran daa'imman waliin ta'uun adda baasanii akka agarsiisan taasisuu.(halluu, dheerina ykn ulfaatina maal akka fakkaatu waliin haasa'uu.)
- Dhagaa fayyadamuun ulfaatinnifi hangi isaa adda adda ta'e fayyadamaatii waa'ee guddinaafi xiqqeenyaa isaan wajjiin shaakaluu
- Dhagaa xixiqqaa fayyadamuun, baaqela hedduu ykn quba harka keenyaa fayyadamnee lakkoofsoota lakkaa'uu
- Daa'imman guyyaa guyyaan wantoota adda addaa shaakalaa akka oolan gargaaruun shaakalchiisuun barbaachisaadha. Kana jechuun sinitti shaayii dhidhuu qabatanii bira deemuu, harkaafi miila keenya yeroo dhiqannu yookiin qaama keenya yeroo dhiqannu nubira taa'anii akka ilaalan akkasumas yeroo isaan uffata uffatan jajjabeessuu, barbaachisaa yoo ta'e qofa deeggaruu.

Sadarkaa jalqabaa irratti daa'imman garaagarummaa wantoota gidduu jiru adda baafachuu ni rakkatu ta'a. Haa ta'uu malee, irra deddeebiidhaan daa'imman tana wajjiin shaakaluufi wajjiin hojjachuun sadarkaa fooyyee irra geessisuun ni danda'ama.

**Daa'imman Fakkiilee Akkamitti Hubachuu Danda'u?**

Daa'imman fakkiilee kitaabaafi naannoo isaanii jiru akka hubachuu danda'aniifi deeggarsi maatii iddoo olaanaa qaba. Mooraa keessa abaaboo/ilillii jiru itti agarsiisuun akkaataa taphaatiin gaafachuun beeksisuun ni danda'ama. Dabalataanis fakkiilee kitaabota gubbaa jiru fayyadamuun durdurii itti himuun akka ilaalaniifi hubatan gochuun deeggaruun nurraa eegama.

Mukkeen naannolee keenyatti argaman , mana keessa jiran, kitaabileefi gaazexaa irratti fakkiilee argaman fayyadamuun halluufi boca isaa daa'imman beeksisuun ni danda'ama.

**Daa'imman ijaafi harka isaanii walsimsiisanii itti fayyadaman akkamitti gargaarra?**

Daa'imman ija,gurraafi harka isaanii irra guddeessaan fayyadamaa baratu. Kanaafuu qindoominni ijaafi harkaa barumsa nuuf saffisiisa. Maatiin/Guddiftoonni qindoomina kana daa'imman irsaasii/qalama(iskiribiittoo) fayyadamanii waraqata irratti akka 'bocooncoran'/chakachakan/ gochuun gabbisuun ni danda'ama. Ulee/Muka duundumaa tokko qopheessinee akka lafa tattaraaraa harkaafi ija isaanii walitti qindeessanii gabbifachuu akka danda'an gochuun ni danda'ama. Waraqaarratti yookiin tuttuqaa(…) , tuqaa rog-sadee, rog-arfee, geengoo tolchuuf deeggaran gochuun caalatti qindoomina harkaafi ija isaanii sirritti akka walsimu gochuun ni danda'ama. Kanneen biroo immoo biyyee dhoqqee gochuun boca gara garaa akka isaan tolchan gochuun cimsuun ni danda'ama. Dabalataan daa'imman maatii

/guddiftoonni isaan waliin ta'uun mana keessaa kutaa tokko akka qulqulleessan gochuun jajjabeessuun qindoomina ijaafi harka isaanii dandeettii barbaadamu irra akka gahu gochuun ni danda'ama.

**Dandeettii hubannoo daa'immanii dadammaqsuuf wanta godhamuu qabu**

Hibboo taphachuun akkuma amala isaa baay'ee itti yaaduu akkasumas tilmaama xiinxala isaanii dhiheessuuf kan isaan jajjabeessuudha. Taphni kun kan umrii daa'immanii giddu galeessa godhate ta'ee kan isaan madaaluf oolu qofa ta'uu qaba.

Daa'imman hibboo isaan gitu taphachiisuun, akka isaan yaadaan itti dhiyaatanii tilmaamuu danda'an karaa irra buusaa hordofaa jajjabeessuu. Hibboowwan daa'immaniif dhiyaatan kan beekanirraa ka'uu akka qaban dabalataan immoo yoo deebisuuf isaan rakkisaa ta'uu ilaallee fuulchaa/clue/ daddabaluun caalatti haala fooyyee qabuun yaadanii deebisuu akka qaban deeggaruu qabna. Kunis ta'ee daa'imman deebii kennuu yoo hindandeenye; deebii deebisanii gara kan itti aanu deebisuu akka danda'an itti fufuun barbaachisaadha.

Hibboon akka naannoo keenyaatti bal'inaan kan itti fayyamaniifi bilchina sammuu daa'immanii gabbisuufi dadammaqsuuf tapha filatamaadha.

**Dandeettii yaadachuu gabbisuuf wantoonni raawwatamuu qabu**

Daa'imman wantoota walbaraa oolan yaadachuu akka danda'an leenjisuun barbaachisa. Dandeettii waa yaadachuu barachuufis bilchinni sammuu caalatti gabbisuuf meeshaa murteessaadha. Daa'imman tapha/geemii/ walfakkaataa ta'e irra deddeebiin akka taphatan taasisuu. Itti aansuun waa'ee taphaa/game/ kanaa gaafachuu, Fakkeenyaaf, Jalqaba kan jalqabe eenyu? Kan waan sana dalage eenyu? Yeroo ani tapha/game/ kana taphadhu ati maal gochaa turte? Gaaffilee jedhamaniifi kkf gaafachuu. Wantoota yeroo darbe dalagnee dabarre sana amma bifa dorgommiitiin tapha gaggeessuu. FKN Kaleessa laaqana maal akka nyaatan? Uffata akkamii akka uffatan? Eessa akka deeman? Fi kanneen birootis gaafachuun ni danda'ama.

**Dandeettii xiyyeeffannoo isaanii gabbisuuf wantoota raawwatamuu qaban**

Waraqaa irratti sarara sararuun maqisiin/murtuun/ sarara eeguun muruu. Gocha kana irra deddeebiin daa'imman iddoo itti ilaalanitti sirritti akka hordofan gochaa raawwachuu. Itti aansuun waraqaa irratti sarara sararuun daa'imman of eeggannoon akka muran gochuu,

Koorneera afran minjaalaa hordofuun baaqela yookiin dhagaa xixiqqoo tarreessuun daa'imman akka ilaalan gochuu. Itti aansuun daa'imman sun gocha amma raawwatame kana akka raawwatan jajjabeessuu.

Maqaa hiriyoota lamaanii itti himuu. Daa'imman maqaan amma itti himame kana irra deebi'anii akka yaaman gaafachuu. Daa'imman keessan wajjiin ta'uun sagantaa daa'immanii hordofuun dhimma yeroo dhiyootti darbee jiru deebi'anii akka dubbatan jajjabeessuu.

| |
|---|
| **Mariyachiisaa**<br>Maatiidhaaf dabalataan odeeffannoo akka filannootti kennuuf kan nu gargaaru akka itti aanutti tarreeffamee jiraa haa dubbifamuu. |

- Daa'immaniif iddoo fayyummaa isaaniif ta'u uumuu( Qoricha adda addaa irraa fageessuu, wantoota balaa geessisan dhabamsiisuu, "Haada elektirikii quunca'ee jiru karaarraa kaasuun jalaa fageessuu fi kkf )
- Meeshaa daa'imman ittiin taphatan hawwataa ta'eefi miidhaa kan hingeessine kennuufii; keessattuu halluu gara garaa, wantoota hanga adda addaa qabu kan ta'e, dheerinniifi bocni isaa haala adda addaatiin yoo dhiyaateef faayidaan isaa olaanaadha.
- Daa'imman naannoo isaanii akka daawwatan gochuu; wantoota haara yeroo isaan arganii yaaluu eegalan ajaa'ibsiifachuufi gaafachuu hindagatinaa.
- Daa'imman xiyyeeffannoon hordofuun fedhii isaanii adda baasuun akka fedhii isaaniitiin haaluma danda'ameen meeshaa taphaa guutuufiin barbaachisaadha.
- Yeroo baay'ee daa'imman wajjiin haasa'uu/dubbachuu haa baay'ifnuu. Dubbachuu yoo hindandeenyes akkaataa dubbiin itti adeemsifamu shaakalu
- Meeshaa guyyuu itti fayyadaman faayidaafi maalirraa akka hojjatame ibsaafi dandeettii isaanii haa gabbifnuu.
- Taphoota gara gara wajjiin taphachuu
- Daa'imman kan yeroo baay'ee TV ilaalanirra meeshaa taphaatiin namoota wajjiin taphatanii karaa hundaan daandii guddinaa isaanii gabbisuun dabaree isaanii kennuun ni filatama. Keessattuu daa'imman umriin isaanii waggaa lamaa gadii yeroo dheeraa TV ilaaluun hindeeggaramu.
- Daa'imman umriin isaanii waggaa lamaafi isaa olii ta'aniif meeshaa fakkeessanii ittiin taphatan (meeshaa manaa kan itti bilcheeffatan, uffata, kkf) dhiheessuufii.
- Daa'imman manaa bahanii daandiirratti waan argan ibsa gochuufii
- Tartiiba gochaalee hordofuun daa'imman wajjiin ta'uun hojjachuu, sababa wajjiin dandeettii tilmaamuu isaanii gabbisuu faa hammata.